



Global Affairs
Canada



Mootummaa Naannoo Oromiyaatti, Leenjii Babal'isa Misooma Avokaadoo

Qajeelcha
Haala
Mijeessitootaa

Leenjii
Hojjetoota
Misooma
hundaaf kan
Qophaa'e



**Mootummaa
Naannoo
Oromiyaatti,
Leenjii
Babal'isa
Misooma
Avokaadoo**

**Qajeelcha
Haala
Mijeessitootaa**

**Leenjii
Hojjetoota
Misooma
hundaaf kan
Qophaa'e**

Waxabjji 2011

Finfinnee

Baafata

Hiikaa Mallattoolee	i
Ergaa Haala Mijeessaaf	ii
Ajandaa Leenjii	iv
Seensa	2

Haala leenjii mija'aa uumuu	2
Faayidaa fi Haala mijataa Oomisha Avokaadoo	5
Gosaa fi Akaakuu Avokaadoo	7
Hojimaata foyya'aa misooma avokaadoo	9
Eegumsaa misooma avookaadoo	12
Sassaabbii fi Qabiinsa oomisha sassaabbii boodaa	13
Haala gabaa mijeessuu	15
Dhimmoota Hunda galeeyyii (cross cutting issues)	16

DUUKA DEEMTUU: Unka gamaaggama leenjii	16
---	-----------

Hiikaa Mallattoolee

Icon	Meaning
	Steps in the process
	Facilitator presents and participants are encouraged to ask questions
	Group activity/discussion
	Questions to be asked by facilitator
	Groups' present back their discussions using flip chart paper
	Main points/summary
	Facilitator tip
	Exercise
	Best Practice

Ergaa Haala Mijeessaaf

Kaayyoon qajeelcha leenjistootaa kanaa leenjiin misooma Avokaadoo akkaataa qajeelfama ijaarsa dandeettii Sagantaa Guddina Qonnaatiin sadarkaa ol-aanaatti akka raawatamu deggeruudhaafi. Dokumentiin kun malaa fi tooftaa haala mijeesitoonni leenjii gahaa ta'e kan ittin kennanii fi hojjetanii agarsiisuus kan of keessaa qabuu dha.

Qajeelchi leenjistootaa kun leenjii hirmaachisaa fi muuxannoo irratti hundaa'e kennuuf gargaara. Dabalataanis leenjiin sadarkaa aanaatti geggeeffamu qulqullina barbaadamuun akka kennamuuf ni deggera. Dokumentiin kun maanuwaalii leenjii utuu hin ta'in kallattii agarsiisuuf kan tajaajilu dha. Haala mijeessitooti ogummaa qaban wajjin wal simsiisuudhaan tooftaalee haala mijeessanii fi leenjisan hojiirra oolchuuf gargaara. Haala mijeessitooti leenjii kennuun dura qajeelcha kana hubachuudhaan itti fayyadamuu qabu.

Qabxii guddaan haala mijeessitooti hubachuu qaban bu'aa leenjii walii galaa fi barumsa kutaa tokko tokkoo irraa eegamu irratti xiyyeeffachuu dha. Kutaa leenjii tokkoo tokkootti osoo hin seeniin dura gaaffilee ijoo gaafatamuu qaban: bu'aan leenjicharraa eegamu maalii? Hirmaattotni leenjichaa maal gochuu qabuu? Hirmaattotni maal baruu/beekuu qabuu? Kan jedhuu dha.

Qajeelchi leenjistootaa kun kan boocame/qophaa'e sadarkaalee muuxannoon barachuu (ERGA) arfan (Muuxannoo, waan hubatan ibsuu, haala qabatamaa naannoo wajjin walitti fiduu, fi hojiitti jijjiiruu) irratti hundaa'uudhaani. Marsaan muuxannoon barachuu kun duudhaalee barumsa ga'eessotaa irratti hundaa'a. Tokko tokkoon

sadarkaa muuxannoon barachuu (ERGA) kutaalee sammuutiin (sensory, temporal lobe, prefrontal cortex, and motor cortices) kan wal qabatu ta'a. Dabalataanis ga'eessotni karaa lamaanuu gochaa fi muuxannoo irraa akka baratan dhugoomsa. Haaluma Kanaan baratootni hundi haala addaa itti barachuu danda'an (learning style) akka qaban hubachuun barbaachisaa dha.

Gamaaggama leenjii:

Formiin gamaaggama leenjii kanatti hidhamee jiru haala mijeessitootni sirriitti leenjii akka gamaaggamaniif ni gargaara. Formiin kun kutaa lama qaba:

Kutaa A: barbaachisummaa, hojiirra oolmaa fi bu'a qabeessummaa.

Kutaa B: haala mijeessaan duub-deebii hirmaattotarraa kenname irratti hundaa'uudhaan fooyya'iinsa walirraa hin citne akka godhuuf gargaara.

Ajandaa Leenjii

Mata duree	Hanga yeroo	Yeroo
Guyyaa 1^{ffaa}		
Hirmaattota galmeessuu	Daqiiqa 10	2:30-2:40
Sirna Baniisa	Daqiiqa 15	2:40: 2:55
Haala leenjii mija'aa uumuu	Daqiiqa 50	2:55-3:35
Faayidaa fi Haala mijataa Oomisha Avokaadoo	Daqiiqa 55	3:35-4:30
Boqoonaa shaayee		4:30-5:00
Faayidaa fi Haala mijataa Oomisha Avokaadoo	Daqiiqa 25	5:00-5:55
Gosaa fi akaakuu avokaadoo	Daqiiqa 95	5:55-6:30
Laaqna		6:30-8:00
Hojimaata foyya'aa misooma avokaadoo	Daqiiqa 90	8:00-9:30
Boqoonaa shaayee		9:30-10:00
Hojimaata foyya'aa misooma avokaadoo	Daqiiqa 75	10:00-11:15
Gamaaggama oolmaa guyyaa	Daqiiqa 15	11:00-11:15
Guyyaa 2^{ffaa}		
Rikaappii	Daqiiqaa 20	2:30-2:50
Eegumsaa misooma avookaadoo	Daqiiqa 50	2:50-3:40
Sassaabbii fi Qabiinsa oomisha sassaabbii boodaa	Daqiiqa 50	3:40-4:30
Boqoonaa shaayee		4:30-5:00
Sassaabbii fi Qabiinsa oomisha sassaabbii boodaa	Daqiiqa 30	5:00-5:30
Gabaa Oomisha Avokaadoo	Daqiiqa 45	5:30-6:15
Dhimmoota Hunda galeeyyii (cross cutting issues)	Daqiiqa 45	6:15-7:00
Laaqna		7:00-8:30
Daawwanaa Dirree fi gaabaasa Dirree		8:30-11:30

Guyyaa 1^{ffaa}

Kutaa	Seensa
Mata duree	Haala leenjii mija'aa uumuu
Meeshaalee barbaachisan	Fliip chaartii, maarkerii, pilaasterii, PPP (PowerPoint presentation)
Yeroo jalqabbii	2:55 (daqiiqaa 50)
Kayyoo kutaa kanaa	Hirmaattotni: <ul style="list-style-type: none"> • Haala leenjii mija'aa ni uumu. • Mari'achuu fi miira garee uumuu (Build dialog and set the group dynamics)



Tartiiba 1: Hirmaattota simachuu: Hirmaattotni maqaa, gahee hojii, dhaabbata keessaa hojjetan, bakka hojii fi muuxannoo hojicharratti qaban akka ibsaniif carraa kenniif.

Haala mijeessuu sadarkaa isaa eege akka ta'uuf qabxiiwwan armaan gadiitti xiyyeeffadhu:

1. Yeroodhaan eegaluu fi yeroo boqonnaa shaayee fi laaqanaa kabajuu,
2. hirmaachisuu fi gahee hojii kennuufii,
3. gahee hojii hirmaattotaa ifa taasisi.
4. kutaa hunda kaayyoo ibsuudhaan eegali; xumura irratti gudunfi.

Tilmaama Yeroo kennamee: **Nama tokkoof Sekoondii 30**

Tartiiba 2: Ittiin lixa (Ice breaker):

Hirmaatotni shaakala armaan gadii keessaa tokko haa filatan.

Filannoo 1: Maqaa fi maq-ibsa Yeroo: **daqiiqaa 20**

Hirmaataan maq-ibsa haala inni keessa jiruu fi waan itti dhagaa'amu ibsuu danda'u yaadee haa qopheeffatu. Qubeen jalqabaa maq-ibsi filamuu qubee jalqabaa maqaa hirmaataa waliin tokko ta'uu qaba. "I'm Henri and I'm happy". Or, "I'm Almaz and I'm amazing." Maq-ibsa sana jechaa gocha isa ibsu agarsiisuu ni danda'u.

Filannoo 2: Sababiin si jaalladhuuf Yeroo: **daqiiqaa 20**

Hirmaatotni bifa geengootiin dhaabbatanii nama mirga isaanii jiru irraa waan jaallatan tokko akka dubbatan gaafadhu. Dursanii akka itti yaadan taasisi.

Tartiiba 3: Seerota kabajamuu qaban: Hirmaatotni leenjii irratti seera eegamuu qabu akka tarreessan gaafadhu.

Seerota armaan gadii hammachuu danda'a:

- Waliin dudubbachuu (Dialogue)
- Hundi ni barsiisa/hundi ni barata (hundi keenya beekumsa barbaachisaa waan qabnuuf walirraa baranna)
- Garaa garummaan yaadaa rakkoo miti
- Gochaan barachuu
- Nama irratti utuu hin taane yaada irratti xiyyeefachuu (Hard on issues; soft on people)

Tilmaama yeroo: **Daqiiqaa 10**

Tartiiba 4: Gahee hojii yeroo leenjii (kan hirmaattotaa) (Daqiiqaa 5): Haala mijeessaan gaheewwan hojii leenjicha fiixaan baasuuf barbaachisan ni ibsa. Haala mijeessaan hirmaattota waliin ta’uudhaan gahee hojii adda baasuun hirmaattotaaf akka qoodamu ni taasisa. Gaheewwan hojii gurguddoon kan armaan gadiiti:

- Garee gamaaggama oolmaa guyyaa fi cuunfaa guyyaa (Evaluation and recap team)
- Garee yeroo ta’atu
- Garee baacoo (Energizer team)

Akkaataa gabatee armaan gadiitti hirmaattotaan walii galii barreessi.

Gahee hojii	Guyyaa 1ffaa	Guyyaa 2ffaa	Guyyaa 3ffaa
Gamaaggama oolmaa guyyaa fi cuunfaa guyyaa	WD	WD	WD
	WB	WB	WB
Yeroo eegduu	WD	WD	WD
	WB	WB	WB
Baacoo (Energizer)	WD	WD	WD
	WB	WB	WB

Tartiiba 5: waa’ee loojistikii fi itti fayyadama yeroo shaayee fi laaqanaa ibsi.

Tartiiba 6: Hirmaattoti leenjii kara irraa maal akka eegan (expectation) gaafadhuu filiip chaartii irratti barreessii, dhuma irratti kaayyoo kutaa sanaa wajjin wal bira qabii ilaali. Tilmaama Yeroo: **Daqiiqaa 5**

Tartiiba 7: Silaayidii waa’ee kaayyoo leenjii fi ajandaa leenjii ibsu dhiheessi.

Tilmaama yeroo: **Daqiiqaa 5**

Kutaa	Tokkoffaa
Mata duree	Faayidaa fi Haala mijataa Oomisha Avokaadoo
Meeshaalee barbaachisan	Fliip chaartii, maarkerii, pilaasterii, PPP (PowerPoint presentation)
Yeroo jalqabbii	3:45 (Daqiiqaa 80)
Kayyoo kutaa kanaa	Xumura kutaa kanaa irratti hirmaattonni leenjii kanaa faayidaa fi haala mijataa oomisha avokaadoo ni ibsu.

Kaayyoo kutaa



Kaayyoo kutaa kanaa gabaabsii hirmaattotaaf dhiheessi.

Tilmaama yeroo: **Daqiiqaa 5**

Tartiiba 1ffaa Faayidaalee Avokaadoo

Faayidaalee Avokaadoo hirmaattota **garee 5**tti qoodiitii mariisii. Hirmaattoti akka dhiheessan taasisi. Kana booda silaayidii qophaa'e dhiheessi.

Tilmaama yeroo: **Daqiiqaa 25**

Tartiiba 2ffaa Qabiyyee Sirna nyaataa

Qabiyyee nyaataa avokaadoon qabu hirmaattota gaaffii fi deebiin



akka irratti mari'atan taasisi (**Brainstorming**). Kana booda Silaayidii waa'ee kanaaf qophaa'e dhiheessi.

Tilmaama yeroo: **Daqiiqaa 25**



Tartiiba 3ffaa: Haala qilleensaa misooma avokaadoof mijataa ta'e hirmaattota gaafadhu (Brainstorming). Yaada hirmaattotaa filip chaartii irratti barreessi. Silaayidii qophaa'e dhiheessi.

Tilmaama yeroo: **Daqiiqaa 25**

Gudunfaa

Gudunfaa kutaa kanaa dhiheessi

Tilmaama yeroo: **Daqiiqaa 5**

Kutaa	Lammaffaa
Mata duree	Gosaa fi Akaakuu Avokaadoo
Meeshaalee barbaachisan	Fliip chaartii, maarkerii, pilaasterii, PPP (PowerPoint presentation)
Yeroo jalqabbii	5:55 (Daqiiqaa 90)
Kayyoo kutaa kanaa	Dhuma kutaa kanaa irratti hirmaattotni: <ul style="list-style-type: none"> Xumuraa kutaa kanaa irratti hirmaattonni leenjii kanaa ka'uumsa, gosaa fi amaloota akaakuu avokaadoo ni ibsaani

Kaayyoo kutaa



Kaayyoo kutaa kanaa gabaabsii hirmaattotaaf dhiheessi.

Tilmaama yeroo: **Daqiiqaa 5**

Gosaa fi Akaakuu Avokaadoo



Tartiiba 1ffaa: Hirmaattoti lama lamaan (Think-Pair-Share) gosootaa fi akaakuuwwan avokaadoo naannoo isaaniitti argaman adda baasuudhaan akka ibsan taasisi. Yaada hirmaattotaa filip chaartii irratti barreessi.

Tilmaama yeroo: **Daqiiqaa 20**

Tartiiba 2ffaa: Silaayidii waa'ee gosootaa fi akaakuuwwan avokaadoo irratti qophaa'e dhiheessi.

Tilmaama yeroo: **Daqiiqaa 35**

Mala wal hormaata avokaadoo



Tartiiba 1ffaa: Malli wal hormaata avokaadoo isaan kam akka ta’an hirmaattota gaafadhu (brainstorming).

Tilmaama yeroo: **Daqiiqaa 10**

Tartiiba 2ffaa: Silaayidii waa’ee wal hormaata avokaadoo irratti qophaa’e dhiheessi.

Tilmaama yeroo: **Daqiiqaa 25**

Gudunfaa

Gudunfaa kutaa kanaa dhiheessi

Tilmaama yeroo: **Daqiiqaa 5**

Kutaa	Sadaffaa
Mata duree	Hojimaata foyya'aa misooma avokaadoo
Meeshaalee barbaachisan	Fliip chaartii, maarkerii, pilaasterii, PPP (PowerPoint presentation)
Yeroo jalqabbii	8:00 (Daqiiqaa 175)
Kayyoo kutaa kanaa	Xumura kutaa kanaa irratti hirmaattonni leenjii kanaa, <ul style="list-style-type: none"> • Hojimaata fooyya'aa avokaadoo iddoo buufata biqiltuu filuu hanga kunuunsa dhaabbiin boodaa gaggeeffamu addaan baasuu fi ibsuu ni danda'u.

Kaayyoo kutaa



Kaayyoo kutaa kanaa gabaabsii hirmaattotaaf dhiheessi.

Tilmaama yeroo: **Daqiiqaa 5**

Iddoo Buufata Biqiltuu filachuu, hundeessuu fi Kunuunsuu



Tartiiba 1ffaa: Hirmaattota garee nama 6 qabutti qooduudhaan ulaagaa filannoo Iddoo buufata biqiltuu, fi Kunuunsa biqiltuudhaaf godhamuu qabu adda baasanii fliip chaartii irratti barreessaani akkaa dhiyeessaan taasii.

Tilmaama yeroo: **Daqiiqaa 25**

Tartiiba 2ffaa: Silaayidii waa'ee iddoo buufata biqiltuu filachuu, hundeessuu fi Kunuunsuuf qophaa'e dhiheessuudhaan ibsi.

Tilmaama yeroo: **Daqiiqaa 40**

Biqiltuu diqaalomsuu:

Tartiiba 1ffaa: Hirmaattota nama lama lamaan qooduudhaan (**Think-Pair-Share**) tartiiba biqiltuu diqaalomsuu akka tarreessanii ibsan taasisi.

Tilmaama yeroo: **Daqiiqaa 20**

Tartiiba 2ffaa: Silaayidii waa’ee diqaalomsuu irratti qophaa’e dhiheessuudhaan ibsi.

Tilmaama yeroo: **Daqiiqaa 30**

Tartiiba 3ffaa: Qaama biqiltuu ija kennu akkaataa itti qopheessan hirmaattotatti agarsiisi. Tartiiba diqaalomsuu dhuma leenjii irratti dirree ba’anii akka shaakalan itti himi.

Tilmaama yeroo: **Daqiiqaa 15**

Boolla qopheessuu, dhaabuu fi kunuunsuu:

Tartiiba 1ffaa: Haala dhaabbii fi kunuunsa avokaadoo ilaalchisee hirmaattoti yaada akka kennan taasisii yaada isaanii filip chaartii irratti barreessi.

Tilmaama yeroo: **Daqiiqaa 15**

Tartiiba 2ffaa: Silaayidii haala dhaabbii fi kunuunsa avokaadoo irratti qophaa’e dhiheessuudhaan ibsi.

Tilmaama yeroo: **Daqiiqaa 25**

Gudunfaa

Gudunfaa kutaa kanaa dhiheessi

Tilmaama yeroo: **Daqiiqaa 5**

Guyyaa 2^{ffaa}

Kutaa	Afraffaa
Mata duree	Eegumsaa misooma avookaadoo
Meeshaalee barbaachisan	Fliip chaartii, maarkerii, pilaasterii, PPP (PowerPoint presentation)
Yeroo jalqabbii	2:50 (Daqiiqaa 50)
Kayyoo kutaa kanaa	Xumuraa kutaa kanaa irratti hirmaattonni leenjii kanaa, <ul style="list-style-type: none"> • Aramaa, gosoota dhukubootaa fi ilbiisota avokaadoo miidhanii addaan baasuun ibsuu danda'uu • Maloota too'annoo fi ittisuu ilbisoota avokaado hubachuun fi ibsuun ni danda'uu

Kaayyoo kutaa



Kaayyoo kutaa kanaa gabaabsii hirmaattotaaf dhiheessi.

Tilmaama yeroo: **Daqiiqaa 5**

Tartiiba 1ffaa: Hirmaattota garee nama 6 qabutti qooduudhaan tooftaa aadaadhaan aramaa, ilbiisotaa fi dhibee itti to'atamu adda baasanii akka dhiheessan taasisi. Yaada isaanii filip chaartii irratti barreessaani akka dhiyeessaan taasi.

Tilmaama yeroo: **Daqiiqaa 25**

Tartiiba 2ffaa: Silaayidoota waa'ee to'annoo aramaa, ilbiisaa fi dhibee avokaadoo dhiheessuun ibsi.

Tilmaama yeroo: **Daqiiqaa 20**

Gudunfaa

Gudunfaa kutaa kanaa dhiheessi

Tilmaama yeroo: **Daqiiqaa 5**

Kutaa	Shanaffaa
Mata duree	Sassaabbii fi Qabiinsa oomisha sassaabbii boodaa
Meeshaalee barbaachisan	Fliip chaartii, maarkerii, pilaasterii, PPP (PowerPoint presentation)
Yeroo jalqabbii	3:40 (Daqiiqaa 80)
Kayyoo kutaa kanaa	Xumura leenjii kanaa irratti hirmaattootni leenjichaa haala sassaabbii fi qabiinsa omisha boodaa avokaadoo baldhinaan ibsuu ni danda’uu

Kaayyoo kutaa



Kaayyoo kutaa kanaa gabaabsii hirmaattotaaf dhiheessi.

Tilmaama yeroo: **Daqiiqaa 5**

Tartiiba 1ffaa: Hirmaattoti lama lamaan firiin avokaadoo bilchaatee sassaabbiif gahuu isaa kan ittiin adda baafannu mallattoolee akka tarreessan taasisi (Think-Pair-Share).

Tilmaama yeroo: **Daqiiqaa 15**

Tartiiba 2ffaa: Silaayidii waa’ee oomisha sassaabuu, sadarkeessuu fi saamsuu dhiheessuudhaan ibsi.

Tilmaama yeroo: **Daqiiqaa 25**

Tartiiba 3ffaa: Hiirmaatotni avokaadoon haala akkamiin nannoo isaanitti akka geejjibamuu fi kuufamu gafachuun akka mari’atan taasisi (Brainstorming).

Tilmaama yeroo: **Daqiiqaa 15**

Tartiiba 5ffaa: Silaayidii waa'ee oomisha geejjibuu fi kuusuu dhiheessuudhaan ibsi.

Tilmaama yeroo: **Daqiiqaa 20**

Gudunfaa

Gudunfaa kutaa kanaa dhiheessi

Tilmaama yeroo: **Daqiiqaa 5**

Kutaa	Jahaffaa
Mata duree	Haala gabaa mijeessuu
Meeshaalee barbaachisan	Fliip chaartii, maarkerii, pilaasterii, PPP (PowerPoint presentation)
Yeroo jalqabbii	5:30 (Daqiiqaa 45)
Kayyoo kutaa kanaa	Xumura leenjii kanaa irratti hirmaattootni haala sirna adeemsa gabaa avokaadoo ni ibsu.

Kaayyoo kutaa



Kaayyoo kutaa kanaa gabaabsii hirmaattotaaf dhiheessi.

Tilmaama yeroo: **Daqiiqaa 5**

Tartiiba 1ffaa: Hirmaattoti garee 5tti hIRamuudhaan rakkoo gabaa avokaadoo fi naannoo isaniitti eenyutti akka gurgurataa jiran akka tarreessan taasisi (Group work).

Tilmaama yeroo: **Daqiiqaa 20**

Tartiiba 2ffaa: Silaayidii waa'ee haala gabaa oomisha avokaadoo dhiheessuudhaan ibsi.

Tilmaama yeroo: **Daqiiqaa 20**

Gudunfaa

Gudunfaa kutaa kanaa dhiheessi

Tilmaama yeroo: **Daqiiqaa 5**

Kutaa	Torbaffaa
Mata duree	Dhimmoota Hunda galeeyyii (cross cutting issues)
Meeshaalee barbaachisan	Fliip chaartii, maarkerii, pilaasterii, PPP (PowerPoint presentation), haaduu diqaalomsuu, meeshaa qonnaa
Yeroo jalqabbii	6:15 (Daqiiqaa 45)
Kayyoo kutaa kanaa	Xumura kutaa kanaa irratti hirmaattootni leenjii kanaa akkaataa korniyaa, sirna nyaataa fi sirna qonaa qilleensa giddugalleessa gochuun avookaadoon oomishamuu danda’u ni ibsu.

Kaayyoo kutaa



Kaayyoo kutaa kanaa gabaabsii hirmaattotaaf dhiheessi.

Tilmaama yeroo: **Daqiiqaa 5**

Tartiiba 1ffaa: Hirmaattoti garee 3tti hiramudhaan dhimmoota kanaa gadii irratti mari’atanii akka dhiheessan taasisi:

- walitti hidhamsiinsa misooma avokaadoo fi koorniyaa
- walitti hidhamsiinsa misooma avokaadoo fi sirna nyaataa
- walitti hidhamsiinsa misooma avokaadoo fi qonna haala qillensaan wal simee

Tilmaama yeroo: **Daqiiqaa 20**

Tartiiba 2ffaa: Silaayidii waa’ee dhimmoota hunda galeeyyii dhiheessuudhaan ibsi.

Tilmaama yeroo: **Daqiiqaa 20**

Gudunfaa

Gudunfaa kutaa kanaa dhiheessi

Tilmaama yeroo: **Daqiiqaa 5**

Shaakala dirree

Hirmaattotni laga biqilaa muduraa fi bakka dhaabbii avokaadoo deemuudhaan waan baratan akka ilaalanii shaakalan taasisi. Waan ilaalanii shaakalan akka kutaatti deebi’anii gabaasan taasisi.

Tilmaama yeroo: Sa’atii 3:00 (sa’atii 2:00 dirree, Sa’atii 1:00 gabaasa dhiheessu)

DUUKA DEEMTUU: Unka gamaaggama leenjii

We request your assistance in evaluating this capacity development event. As part of this evaluation, please provide us with information about your experience. The data compiled will be used to improve future capacity development events and facilitation processes. Our staff will be monitoring the overall effectiveness of capacity development events.

Participant:	Mobile Number
Gender:	Male <input type="checkbox"/> Female <input type="checkbox"/>
Activity Code and Name	
Start date	
End date	
Training location	
Region (where you come from)	

Please rate your level of agreement as per the rating scale below (Likert). The estimated time to complete this questionnaire is 20 minutes.

Section A: Relevance (R) and Applicability (A) of the CD Event to Participant Learning Needs. Effectiveness (E) of the Training Methodology

Please use the rating scale (1 to 5) to rate your level of agreement about each statement.

**1 = Not at all 2 = Somewhat relevant 3 = Relevant & Applicable
4 = Very relevant & Applicable 5 = Most relevant & Applicable**

Relevance and Applicability of this Event to My Work Effectiveness of the Training Methodology	Rate				
	1	2	3	4	5
A.1 The content of the training is relevant to my work. (R) የስልጠናው ይዘት ከተጨባጭ ስራዬ ጋር ቀጥተኛ ግንኙነት ያለው መሆኑን ተገንዝቤያለሁ					
A.2 I will apply what I learned in this training to my work. (A) ከስልጠናው የተማርኩትን በተግባር ስራዬ ላይ ማዋል እችላለሁ					
A.3 The handout materials will be a good reference at my work. (E) የስልጠናውን ደጋፊ ማቴሪያሎች በስራላይ እንደማጣቀሻ መሳሪያነት እጠቀምባቸዋለሁ					
A.4 The training process (participatory, learner-centred, experiential) helped me to better understand the content. (E) የስልጠናው (አሳታፊ፣ አስተማሪ፣ በተሞክሮ የዳበረ) ሂደት ይዘቱን ይበልጥ እንድንገነዘብ ረድቶኛል					

Relevance and Applicability of this Event to My Work	Rate				
	1	2	3	4	5
Effectiveness of the Training Methodology A.5 I would recommend this training to my colleagues. (E) ይህን ስልጠና የስራ ባልደረቦቼም ቢያገኙ ስል እመክራለሁ					

A.6 What aspects of the training did you like best. Why?
 የወደዱት የስልጠናው አሠጣጥ ዘዴ የትኛው ነው? ለምን?

A.7 What aspects of the training did you NOT like. Why?
 ያልወደዱት የስልጠናው አሠጣጥ ዘዴ የትኛው ነው? ለምን?

A.8 What suggestions do you have for improving this training next time?
 በሚቀጥለው ጊዜ ስልጠናውን ከአሁኑ የተሻለ ለማድረግ የሚያስችል ምን አስተያየት አለዎት

Section B: Facilitation Skill Effectiveness

Please use the rating scale (1 to 5) to rate your level of agreement about each statement.

1= Do not agree 2= Agree to some extent 3= Agree 4 = Highly agree 5= Strongly agree

Delivery of Capacity Development	Rate				
	1	2	3	4	5
B.1 Course objectives were explained to us at the outset					
B.2 An agenda was provided that described what would be learned and how.					
B.3 There was enough time for discussion. ለውይይት በቂ ጊዜ ነበር					
B.4 Everyone, including me, was able to participate freely. እኔን ጨምሮ ሁሉም ተሳታፊዎች በነፃነት የመሳተፍ እድልነበራቸው					
B.5 The learning process was guided in a logical way to meet our learning objectives. የስልጠናው ሂደት ምክንያታዊ በሆነና የታለመለትን ግብ መምታት በሚያስችል መልኩ መመራቱን ለማስተዋል ችያለሁ					
B.6 Questions were answered with helpful real-life examples. የተጠየቁ ጥያቄዎች አግባብ ባላቸው ምሳሌዎች በማስደገፍ ተመልሰዋል					

Delivery of Capacity Development	Rate				
	1	2	3	4	5
B.7 Varied learning methods were used to keep the sessions interesting. በፓወር፣ ይንት የቀረቡ የስልጠና ማቴርያሎች አቀራረብ በስልጠናው ክፍለግዜዎች ሁሉ የሰልጣኞችን ፍላጎት ያሳድራል ነበሩ					
B.8 Time was managed effectively so that all agenda items were covered					
B.9 The facilitator was friendly and approachable at all times					
B.10 The training venue provided an appropriate and comfortable learning environment. የአዳራሽና ሌሎች መስተንግዶዎች ሁኔታ ለሰልጣኞች ተስማሚና ምቹ ነበሩ					

B.7 What steps could be taken by the facilitator(s) to improve this session for you?

B.8 Overall, please rate the quality of this training event.



B.9 What could we do next time to make this event better?
ስልጠናው በሚቀጥለው ጊዜ የተሻለ እንዲሆን አዘጋጅቼ ምን ማድረግ አለብኛው?

